

## Medical Assistance Filannoo TEFRA jalattii

Medical Assistance (MA)'n filannoo TEFRA jalattii ijoollee hir'ina qaamaa qaban, kanneen maatiin isaanii galiin isaanii baay'ee ol-aanaa waan ta'eef MA dhaaf ulaagaa hin guutne, MA'f ulaagaa guutuu isaan dandeessisa. Ulaagaa MA filannoo TEFRA jalattii guutuuf, daa'imti tokko ulaagaalee armaan gadii hunda guutuu qaba:

- Galiin warraa wayita lakkaa'amee MA'f ulaagaa guuchisuu dhiisuun isaa murtaa'uu
- Umuriin 19 gadi ta'uu
- Yoo xiqqaate warra isa/isii godhatan, maatii guddifatan ykn haadha/abbaa buddeena tokko waliin jiraachuu
- Social Security Administration ykn State Medical Review Team (SMRT)'tiin qaami isaa/isii hir'uu ta'uun mirkanaa'uu

Daa'imni isaanii bakkee manaa alaa keessa jira yoo ta'e malee warri daa'ima kaffaltii warraa ji'a ji'aan kaffalamu kaffaluun irraa hin eegamu.

## Akkaataa Medical Assistance filannoo TEFRA jalattiitiif iyyatan

**Sadarkaa 1ffaa: Gargaarsa Wal'aansaatiif [www.MNSure.org](http://www.MNSure.org)'tti iyyadhaa. "Apply for health care WITH financial help" kan jedhu filadhaa.**

- Daa'imti keessan Medical Assistance'f yoo dabarfame, MA filannoo TEFRA jalattiitiif iyyachuu isin hin barbaachisu.
- Sababa galii irraa kan ka'e daa'imti keessan MA'f ulaagaa hinguutu ergaan jedhu yoo isin qaqqabe, Sadarkaa 2ffaa itti fufaa.

Odeeffannoo dabalataatiif, [How To Apply website. Application forms are available online to download and print](#) MNSure ilaalaa ykn gargaarsaaf 651-539-2099 or 855-366-7873 irratti bilbilaa.

**Sadarkaa 2ffaa: Hennepin County EZinfo lakkoofsa kanaan 612-596-1300 quunnamaa. Faayidaa kunuunsa fayyaa argachuuf lakkoofsa 2 tuqaa.**

- MNSure irraa diddaan akka isin qaqqabee fi daa'ima keessaniif MA filannoo TEFRA jalattii barbaadaa akka jirtan 'Bakka-bu'aa Tajaajila Namootaa (Human Service Representative, HSR)'tti himaa. Beeksisa diddaa isin qaqqabe sana of harkatti qabadhaa.
- Akka isaan ilaalanii mirkaneeffataniif, HSR rageeffama hir'ina qaamaa daa'ima keessanii State Medical Review Team (SMRT)'tti galcha.

## Sadarkaa 3ffaa: Daa'imti keessan TEFRA'f ulaagaa hir'ina qaamaa guutuu fi dhiisuu isaa murteessuuf SMRT waliin hojjedhaa.

- SMRT'n paakeetii simannaa adeemsa SMRT ibsuu fi uunkaawwan guutuu qabdan isiniif erga. Uunkaalee sanniin kallattiidhaan SMRT'tti ergaa.
- SMRT odeeffannoo keessan ilaala, kunis ji'oottan hedduu fudhachuu mala. SMRT murtoo isaa wayita murteessu, isinii fi Hennepin County beeksisa.
- Sadarkaa adeemsichaa isa kanarratti gaaffii yoo qabaattan lakkoofsa 651-431-2493 ykn 800-235-7396 tiin SMRT quunnamaa.

## Sadarkaa 4ffaa: Murtoo ulaagaa guutiinsaa Hennepin County irraa barbaadaa

lyyata isin MA filannoo TEFRA jalattiitiif galfattan irratti murtoon gaafa dabarfamu Hennepin County'n isin beeksisa.

## Maddawwan odeeffannoo

### Hennepin County Economic Supports

Filannoowwan nyaataa, maallaqa callaa, kunuunsa fayyaa, dhimma hatattamaa fi deeggarsa kunuunsa ijoollee, akkasumas deeggarsa mana jireenyaa irratti waa'ee filannoowwan qabdani baraa.

- Lakkoofsa kanaan bilbilaa hubadhaa: 612-596-1300
- Sa'atii: Wiixataa hanga Jimaataatti, ganama sa'a 9 a.m. hanga waaree booda sa'a 3 p.m. tti.

### Hennepin County Front Door

Daa'imman keessan hir'ina qaamaa qabaniif tajaajiloota fayyaa adda ta'an argachuu ni dandeessu.

- Lakkoofsa kanaan bilbilaa hubadhaa: 612-348-4111
- Sa'atii: Wiixataa hanga Jimaataatti, ganama sa'a 8 a.m. hanga waaree booda sa'a 4 p.m. tti.

## Marsariitiiwanii fi sanadoota odeeffannoo dabalataa qaban kan intarneetiirraa (Afaan Ingilizii qofaan):

- [Hennepin County health care assistance](#)
- [MNsure navigator network](#)
- [Medical Assistance under the TEFRA option](#)
- [Medical Assistance under the TEFRA option for children with disabilities](#) (DHS 7960)
- [Minnesota Health Care Programs](#) (DHS 3182)
- [Minnesota Health Care Programs for people with disabilities](#) (DHS 3546A)
- [Bulletin 23-21-21 DHS Eliminates Parental Fees for Children Receiving MA under the TEFRA Option and HCBS Waivers \(state.mn.us\)](#)

## Afaan keessaniin gargaarsa argachuuf

Lakkoofsa bilbilaa kanaan 612-348-2193 [Office of Multicultural Services](#) quunnamaa.